BULCHIINSA KUTAA MAGAALAA EEKKAA WIIRTUULEE GURMUU

AANAA 10-12TTI QORMAATA MODEELAA BARNOOTA SAFUU SEMISTEERA 2FFAA

MARSAA 1FFAA K UTAA. 6FFAA BARA 2016

Yeroo kenname: sa'aatii 1:00

I.Gaaffilee armaan gadiif deebii qubee sirrii qabatee filachuun deebisi.

1. Sochiiwwan maallaqaa fi wal jijjiiraa kan of keessatti hammatuu kami?

A. Hawaasummaa B. Dinagdee C. Tola ooltummaa D. Hirmaannaa

2. Dandeetti rakkoo namoota biroo akka rakkoo ofitti ilaaluun maal jedhama?

A.Kutannoo B. Of too'achuu C. Namaaf yaaduu D.Rakkachuu

3. Yeroo fi humna ofii fedhiidhaan gocha hawaasa fayyaduuf olchuun maal jedhama?

A.Dinagdee B. Hawaasa C Tola ooltummaa D.Tajaajila

4. Amala namoota wajjiin qabnuu fi amala dhuunfaatti qabnuu walfaana adeemsisuun maal jedhama?

A. walsimsisuu B. Namaaf yaaduu C. Itti gaafatamummaa D.Ejjaannoo

5. Dandeetti namnii tokko waan sirriidha jedhee amanee raawwachuun maal jedhama?

A. Amanamummaa B.Kutannoo C. Itti gaafatamummaa D.Amala

6. Bu'aa amanamummaa safuu hin taane kami?

A.Hariroo hawaasaa cimsaa B. Dandeetti rakkoo furuu dagaagsa

C.Nama kabachisa D. Rakkoof akka jilbeeffatan taasisa

7. Hawaasni amanamummaa safuu qabu irraa ijaaramee ilaalchisee kan sirrii hin taane kami?.

A.Aadaa hojii cimaa qaba B.Salphaatti waadaa hin galu

C.Waadaa galee nidagata D.Amanamaadha

8. Amanamummaa safuu ilaalchisee yaadni sirrii hin taane kami?

A. Jireenya fooyyeeffachuuf tattaafachuu B. Faayidaa namoota biroo barbaaduu

C.Aadaa hojii cimaa qabaachuu D.Rakkoof akka hin jilbeeffannee nama taasisa

9. Amala nama amanamummaa safuu qabu ta'e kami?

A.Itti gaafatamummaan jibbuu B. Amala hin jijjiramnee qabaachuu

C.Ofiif qofa yaaduu D. Of tuuluu

10 .Namni ofitti amanamummaa safuu qabu.

A.Iccitii namootaa hin eeguu B.Nama nihaamata C.Dhugaa duubbata D.Fakkeesaa

11. Dhaabbbilee qusannaa aadaa ta'e kami?

A. Baankii B.Inshuraansii C.Iqquubii D.Maallaqa

12. Namni gochi isaa amantaa isaa isa dhugaa hin calaqqiisfne maal jedhama?

A.Amanamaa B.Fakkeessaa C.Kabajamaa D.Jaallataa

13. Namni tokko amanamaa ta'uf maal gochuu qaba?

A. Sobaafi Hanna irraa fagaachuu B. Iccitii beekuu hunda himuu

C. Fakkeessaa ta'u D.Waan hin beekne sobee beeka jedhuu

14. Kanneen armaan gadii keessaa tokko faayidaa qusannaati

A. Liiqaa baay'isa B. Dhiphina sammuu fida

C. Lliiqaa xiqqeessa D. Tasgabbii miiraa balleessa

15. Lammileen mirgaa fi ittigaafatamummaa isaani akka bahaniif kan hubachisuu maal jedhama?

A.Seera B.Amala C.Yaada D.Waadaa

16. Faayidaa seera kabajuu kan hin taane kami?

A.Nageenya mirkaneessuuf B. Birmadummaa mirkanessuu

C.Bilisummaa dhabuu D .Qabeenya walqixa qooduu

17. Seera ilaalchisee yaadni sirrii ta'e kami?

A.Yakka ittisuuf gargaara B. Seeronni fedhii ummataa hin ibsuu

C.Namoota yakka raawwatanif dahoo ta'un tajaajila D. Yakka dhoksuuf

18. Amala seera biyya tokko kan hin taane kami?

A. Jijjiramaa B.Haqa dhabuu C.Dhaabbataa D.Wal fakkaataa

19. Amala lammii seera kabajuu kan hin taane kami

A.Mirgaa fi ittigaafatamummaa isaa ni beeka B. Dhugaa duubbata

C.Yeroo hunda seeraaf ni bitama D.Mirga namoota biroo ni sarba

20. Seera kabajuu dhabuun miidhaa akkami fida?

A.Malaammaltummaan baduu B.Nageenyi boora'uu

C.Kabajamuu mirgaa D.Jiraachuu haqaa

21. Dhaabbileen qusannaa bakka meeqatti qoodama?

A.3 B.2 C.4 D.5

22. Bu'aa seera kabajuu ta'e kami?

A.Malaammaltummaa B.Nageenyi jirachuu C.Nageenyi boora'uu D.Sarbamuu mirgaa

23.__bakka walwaraanni fi walitti bu'insii hin jirree jiraachuuf sodaachisaa kan hin taane dha.

A.Nageenya amansisaa B.Nageenya hamaa C.Seera D.Safuu

24. Malaammaltummaan karaa kamiin raawwatamu danda'a?

A.Matta'aa kennuu B.Seeraan hojjechuun

C.Namoota hunda qixa ilaaluun D.Amanamummaa

25. Kanneen armaan gadii keessaa tokko miidhaa seera kabajuu dhabuun dhaqqabsisuu miti

A Kabajamuu mirgaa B.Gibira dhoksuu C.Bilisummaa dhabuu D.Haqni dhabamuu

26. Akkaataa namni tokko haalaa fi gocha isaa namoota waliin ibsamu maal jedhama?

A.Seera B.Amala C.Aadaa D.Gocha

27. Kanneen armaan gadii keessaa tokko fakkeenya amala gaariiti

A. Waan argan hunda deggaruu B. Aadaa hojii cimaa mormuu

C. Hiriyoota gaarii filachuu D. Icciti hin eegu

28. Amala gaarii ilaalchisee yaadni sirrii hin taane kami?

A. Bu'aa ilaachaa fi yaada namaati B.Wanta ofiif jaallatan namaafis raawwachuu

C. Gara laafessa D.Hariiroon hawaasa waliin qabu laafaadha

29. Amala gaarii barattootaa ta'e kami?

A. Keessummaati amala jibinsaa agarsisuu B.Waadaa kabajuu dhabuu

C .Keessummaa simachuu fi kabajuu D.Gocha barsisaan ajaje raawwachuu diduu

30. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu amala gaarii hin calaqqiisnee?

A.Of to'achuu B.Safuu hawaasaa kabajuu C.Seera mana barumsaa kabajuu D.Wal jibbuu

31. Sona safuu uummata Itoophiyaa hundaa Kan hin taane kami?

A Hangafoota kabajuu B.Maatii kabajuu C.Hinaaffaa D.Keessummaa simachuu

32. Amaloota nama amanamoo hin taane kami?

A. Dhugaa duubbachuu B. Hannaa fi gowwoomsaa jibba

C.Wantoota humnaa ol dhaadheessuu D. Dogoggora amanuun irraa barachuu

33._____ Hawaasni galii argatan irraa mootummaaf kaffalani dha.

A. Gibirri B Qusannaa C.Daldala D.Maallaqa

34. Amala gaariin karaa kamiin dagaafamuu danda'a?

A.Qajeelfamoota safuuf dhimmamuu B.Waadaa diguu

C.Hawwii dhuunfaaf bitamuu D. Ittigaafatamummaa dhiibuu

35. Of to'achuu ilaalchisee yaadni sirrii ta'e kami?

A. Milkaa'ina jireenyaaf barbaachisaadha B .Amala sirrii ta'e irraa of ittisuuf

C.Seera irratti bu'uureefatani akk hin hojjannee kakaasa D.Hawwii akka malee dagaagsuuf

36. Bu'aa seera kabajuu hin taane kami?

A. Fedhii ummataa calaqqiisaa B. Nageenya eegsisa

C.Miidhaa adda addaa irraa ummataa baraara D.Nageenyi boora'uu

37. Duudhaalee safuu hawaasni Itoophiyaa waliin qaban Kan ta'e kami?

A.Uffannaa safuu eege uffachuu B. Ollaa ofii callisani bira darbuu

C.Maatiif ajajamuu dhiisuu D.Kennaa harka tokkon kennuu fi fudhachuu

38. kanneen armaan gadii keessaa dambii mana barnootaa hin taane kami?

A.Faaruu Alaabaaf kabaja kennuu B.Barfatanii daree seenu

C.Yeroon dareetti argamuu D. Uffata dambii uffachuu

39._____Ida'ama maallaqaa,yeroo fi gosa qabeenya adda addaa baasiirraa hafe dha

A .Baankii B. Qusannaa C.Gibira D.Oomisha

40. Kanneen armaan gadii keessaa tokko ibsituu jaalala biyyaati

A. Biyya ofitti qaana'u B. Seenaa goototaa kabajuu

C.Ofiif qofa yaaduu D. Malaammaltummaan duroomu